# Qajeelfama akkaataa itti gatanii




Amajjii 2024

Oromo

# Seensa

Qajeelfamni kun filannoowwan jiraattonni ittiin kosii/balfa gatuu danda'an irratti yaada waliigalaa kenna.

## Qabiyyeewwan


Arjoomaatii suphaa . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .3

Irra-deebiin tolchuu . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .4

Irra-deebiin tolchuu wantoota oorgaanikii/uumamaa. . . . . . . . . . . . .6

Koompoostii mana borootti qopheessuu . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .7


Kosii qe'ee keessaa . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .7

Kosii balaafamoo mana keessaa . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .8

Qoricha/daawaa gatuu . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .10

Lilmoowwanii fi wantoota qara qaban mana keessaa gatuu. . . . . .10

Bakkeewwan kosii itti gatanii fi taateewwan kosii walitti qabuu . .12


**Gaaffiiwwan irra-deebiin hojiirra oolchuu fi gatuu irratti qabdaniif deebii argadhaa**

Meeshaalee mana keessan keessaa deebiftanii faayidaaf oolchuu, irra deebiin itti fayyadamuu ykn gatuuf karaa hundarra gaarii ta'e baruuf:

- **hennepin.us/ greendisposalguide** daawwadhaa
- 612-348-3777 irratti bilbilaa
- Teessoo kanaan Iimeelii barreessaa **environment@hennepin.us**

# Arjoomaatii suphaa

## Meeshaalee itti fayyadamuun danda'amu arjoomaa

Meeshaalee itti fayyadamuun danda'amu dhaabbilee tola ooltummaaf arjoomuun hawaasa keessan gargaaruu fi qisaasama hir'isuuf mala gaariidha. Arjoomuu keessaniin dura tartiiba kana hodofaa:

- Arjoomuu keessaniin dura dhaabbileen sunniin maal akka fudhataniifi guyyoota fi sa'aatii isaan itti meeshaalee sanniin fudhatan gaafadhaa baraa.
- Meeshaalee haala gaariirra jiran arjoomaa. Meeshaaleen isin arjoomtan kan qulqulleeffaman, kan hojjetanii fi kan miidhaa hin geessisne ta'uu adda baafadhaa.
- Meeshaalee waqtii eeguun dhimma itti ba'aman waqtii isaanii dursaa arjoomaa, fakkeenyaaf uffata yeroo cabbii waqtii birraatti, ulee goolfii ammoo waqtii arfaasaatti.

Tarreeffama dhaabbilee arjooma fudhatanii argachuuf birooshara carraawwan arjoomaa ilaalaa. **hennepin.us/-/media/hennepinus/business/work-with-hennepin-county/environmental-literature/donation-opportunities-brochure.pdf**

## Suphaatii turfadhaa



Meeshaalee manaa caban, uffata citaa, elektirooniksii fi kanneen biroo caccaban sirreeffachuuf tola ooltota irraa gargaarsa bilisaa, qajeelfama qabu Kilinika Fix-it Hennepin County irraa argadhaa. Sagantaa suphaawwan kilinikaa gara fuulduraa **hennepin.us/fixitclinic** irraa caalaatti baradhaatii ilaalaa.

## Meeshaalee ijaarsaa irra-deebi'aa fayyadamaa akkasumas deebisaatii faayidaaf oolchaa



Meeshaalee ibsaa ittiin galchanii fi kaabineetota irraa kaasee hanga lafaafi dagalee mukaatti meeshaalee ijaarsaa hedduu irra deebiin itti fayyadamuun ni danda'ama. Hennepin County'n yeroo pirojektoota mana haaromsuu meeshaalee irra-deebiin tolchuu fi deebisanii itti fayyadamuuf gargaarsa ni kenna. **hennepin.us/salvage** irraa odeeffannoo dabalataa argadhaa.

# Irra-deebiin faayidaaf oolchuu

Irra-deebiin tolchanii faayidaaf oolchuun tarkaanfii salphaa ittiin hawaasa keessan deeggartanii fi naannoo eegdanidha. Irra-deebiin faayidaaf oolchuun carraa hojii uuma, akkasumas qabeenya uumamaa meeshaalee haaraa hojjechuuf barbaachisu hir'isa.

Meeshaaleen mana keessatti irra-deebiin faayidaaf oolchuu dandeessan isaan kana of keessatti hammata:

### Waraqaa, saanduqawwan, kaartoonii

**Saanduqawwan batteessaa**




Lakkii: Naapkinii, fooxaa waraqaa, waraqaa cicciramaa, saanii waraqaa, baattuu aayiskiriimii, siiniii bunaa

### Qaruuraawwan pilaastikaa, joogii, kubbaayyaa, baattuuwwan

**Pilaastikoota irra-deebiin tolchaa # 1, 2, 5**
**Qadaada irratti dhiisaa**




Lakkii: Boorsaa pilaastikaa ykn pilaastika haphii, pilaastika ittiin meeshaalee maranii ergan, pilaastikoota #6, pilaastikii Styrofoam™, baattuuwwan wantoota balaa qaqqabsiisan baatan

### Qaruuraawwanii fi jaarkaaniiwwan birciqqoorraa hojjetaman




Lakkii: Birciqqoo bishaanii, paayireeksii, suphee, of-ilaallee

### Xaasaa




Lakkii: Xaasaa qalamaa, baataa gaazii, taankarii hiiliyeemii, baattuuwwan wantoota balaa qaqqabsiisan baatan

### Kaartooniiwwan

**Kanniin hin babatteessin**




Lakkii: Kaartoonii buphaa waraqaa ykn Styrofoam™, baattuuwwan aayis kiriimii

## Qajeelfama qophii

- Meeshaalee irra-deebiin faayidaaf oolchuu dura daddafaa dhiqaa/miicaa
- Wanta irra-deebiin faayidaaf oolfamu hiikaatii gaarii ykn qodaa kosii keessa kaa'aa.
- Xaasaa, qaruuraa pilaastikii ykn kaartoonii hin caccabsinaa. Saanduqawwan batteessaa.
- Qadaada qaruuraa pilaastikaa, joogii fi baattuuwwanii pilaastika ta'e irrumatti dhiisaa.

# Meeshaalee kanniin irra-deebiin faayidaaf oolchuu irraa fageessaa

Kanneen armaan gadii adeemsa deebisanii hojiirra oolchuu irratti rakkoo uumu, sababni isaas meeshaa keessatti cuqqaalamu, hojjettoota irraan miidhaa ga'uu danda'u, akkasumas meeshaa haaraan irraa yoo oomishame meeshaaleen sunniin gabaa gaarii hin argatan. Meeshaalee irra-deebiin faayidaaf oolfamanitti hin dabalinaa. **hennepin.us/recycling** irraa caalaatti baradhaa.


Feestaalii fi fiilmii


kosii boorsaatti naqame


Meeshaalee pilaastikaa guguddoo fi ashaangulliitiiwwan


Ispoonjii pilaastikaa (Styrofoam™)


Elektirooniksii fi baatiriiwwan


Wantoota sibiilarraa hojjetaman garaa garaa


Saaniiwwan mastaawotii, mastaawotii foddaa fi supheewwan


#6 fi pilaastika gurraacha


Saaniiwwan waraqaa, burcuqqoo, naapkinii, istiroo fi meeshaalee manaa


Fo'aawwan akka shiboo elektiriikii, ifaawwan guyyaa ayyaanaa fi ujummoowwan


Siliindaroota afuufamoo (piroopeenii, hiiliyeemii, CO2)


Baattuuwwan oomishaalee balaa geessisan qaban

# Wantoota oorgaanikii/uumamaa irra-deebiin faayidaaf oolchuu

Wantoota oorgaanikii/uumamaa irra-deebiin hojiirra oolchuudhaan, nyaanni keessan, waraqaan nyaataa fi kan bishaan itti bu'e, kan gara koompoostiitti jijjiiramuu danda'u koompoostii gatii guddaa qabuu fi pirojektoota lafa bareechuu fi ijaarsa daandii keessatti dhimma itti ba'amanitti jijjiiramu. Warra wantoota orgaanikaawoo fuudhanii fi filannoo bakkeewwan itti gatanii **hennepin.us/organics** irra barbaadaa.

## Nyaata hunda



## Waraqaa makaa orgaanikii qulqulluu ta'e




Lakkii: Sanduuqa nyaata qorraa, boorsaa poopkornii maaykirooweevii, uwwisaa nyaata saffisaa, baattuu ayiskiriimii, fooxaa waraqaa qulqulleessituu keemikaalaatii wajjin dhimma itti ba'amu

## Oomishaalee koompoostii ta'uu danda'uun isaanii mirkanaa'e



Oomishaalee rageeffamoorra asxaa/ loogoo BPI barbaadaa.

Lakkii: Meeshaaleen tajaajila nyaataa asxaa BPI hin qabne, meeshaan tokko kompostiitti jijjiiramuu danda'uun rageeffamuu isaa mirkaneessuuf marsariitii BPI **bpiworld.org** irraa ilaalaa

## Meeshaalee koompoostii ta'uu danda'an biroo



Lakkii: Kosii qe'ee keessaa, daayipparii ykn oomishaalee qulqullinaa, balfa beeyladoota mana keessaa fi bineeldotaa, kosii ykn afaa, qulqulleessituu ykn haxooftuu daa'imaa, qoorsituu uffata laawundariin miicamuu, meeshaalee irra-deebiin faayidaaf oolfamuu danda'anii (kaardiboordii, kaartoonii).

# Koompoostii mana borootti qopheessuu




Qodaa qe'eetti koompoostii keessatti qopheessitaniin, hurraa kuduraa fi muduraa, baala, fi marga ciccitaa gara kompostii soorata baay'ee qabuutti jijjiiruun mooraa fi maasii keessan keessatti fayyadamuu dandeessu.

Wantootni isin qodaa koompoostii keessaniitti naquu dandeessan isaan kana dabalatu:

- Harca'aa/qola kurduraalee fi muduraalee
- Baalawwan biqiltuu irraa qeexxa'aman
- Margaa fi baala
- Daakuu bunaa fi calaltuuwwan
- Qola killee/buphaa
- Qola firiiwwanii











Qajeelfama akkaataa itti koompoostiitti jijjiiranii **hennepin.us/composting** irraa argadhaa.

# Kosii qe'ee/mooraa keessaa



Kosiin/balfi mooraa keessaa kanneen akka marga ciccitaa, baala fi damee qabeenya gatii guddaa qabanii fi biqiltuu mooraa keessaatti soorata dabaluu ykn gara kompostiitti jijjiiramuudhaan deebifamanii faayidaaf ooluu danda'u. Balfa akkanaa qodaa kosii mana keessanii keessa kaa'uun seeraan ala.

Filannoowwanii fi gorsa akkaataa qabaa balfaa/kosii:

- Qe'ee keessan keessa qodaa kompoostii kaa'aa.
- Konkolaataan deebisanii faayidaaf oolchuu keessanii balfa mooraa keessaa karaa cinatti fuudhuu fi dhiisuu isaa adda baafadhaa.
- Bakka kosii mooraa itti walitti-qabanitti geessaa.
- Ciccitaa margaa fi baala lafarra afame lafuma sanarratti dhiisaa. Baala gara karaatti hin harinaa.
- Usoo/dhoqqee beeylada manatti guddifamee fuudhaatii qodaa kosii keessa buusaa.

Tarree bakka kosii mooraa keessaa itti walitti qabanii **hennepin.us/ yardwaste** irraa argadhaa.

# Kosii balaafamoo mana keessaa

## Bakka meeshaan/kosiin itti buufamutti geessaa




Oomishaaleen nuti manaa qabnu tokko tokko wantoota balaafamoo ta'an kan of keessaa qaban yoo ta'u, yoo seeraan hin gatamin fayyaa keenya ykn naannoo keenya miidhuu danda'u.

Wantoonni armaan gadii bakka meeshaalee/kosii itti buusan Hennepin County keessatti ni fudhatamu (odeeffannoo fuula duubaa ilaalaa). Waa'ee filannoowwan gatiinsa magariisaa dabalataa **hennepin.us/green-disposal-guide** irraa baradhaa.

### Meeshaalee konkolaataa




- Farra kottolleessaa
- Zayita fireenii fi tiraansmiishinii
- Boba'aa fi zayita
- Dhagaa baatirii konkolaataa

### Oomishaalee mana keessaa, marga qe'ee fi biqiltuuwwan mana boroo ittiin kunuunsan

- Dhagaawwan baatirii
- Meeshaalee qulqullinaa
- Qulqulleessaa ujummoo cuqqaalamee
- Ampuulii filooreesentii
- Qalama, halluu mukaa fi qallisaa qalamaa
- Farrra ilbiisaa
- Teermoostaatii fi teermoomeetira meerkurii of keessaa qaban




### Oomishaalee ittiin of bareechan

- Biifaa rifeensaa
- Gad-dhiisisaa qalama qeensaa
- Urgooftuu

## Eleektirooniksii

- Kaameeraawwan
- Taphachiisaa DVD
- Koompiitaroota
- Sirnawwan geemii
- Piriintaroota
- Bilbilawwan
- Teelevidziiniiwwan
- Raadiyoo fi taphachiisaa muuziqaa
- Sagalee baastuu/ispiikara



## Meeshaalee mana keessaaf fayyadan

- Qabbaneessaa qilleensa mana keessaa
- Maayikirooweevii
- Eelee elektiriikaa
- Kottolleessaa/firiijii
- Miicaa fi qoorsaa huccuu
- Danfisaa bishaanii





## Meeshaalee biroo

- Goommaa
- Firaashiiwwanii fi ispiriingii saanduqaa



# Kaffaltiiwwan

Kanneen armaan gadii dabalatee, meeshaalee tokko kokkotti ni kaffalama:



- Meeshaalee mana keessaaf fayyadan tokkoon tokkoon isaanii $15
- Firaashiiwwanii fi ispiriingii saanduqaa:
- Tokkoon tokkoon isaanii $25 (Bakkee Brooklyn Park qofatti fuudhamu)
- Goommaa: tokkoon tokkoon isaanii $3
- TVwwan, mooniitara koompiitaraa fi laaptooppiiwwan: tokkoon tokkoon isaanii $10

# Qoricha/daawaa gatuu




Qorichoota hin barbaachifne ykn itti hin fayyadamne seeraan akka gatamanitti gara saanduqa qoricha itti gataniitti geessaa.

Qoricha ajaja ogeessa fayyaatiin kenname, qoricha ajaja ogeessa fayyaatiin ala bitamu, vaayitaaminii, sappilimentiiwwanii fi qoricha beeyladoota manatti guddifamanii dabalatee qorichootni mana keessaa dhufan hundi ni fudhatamu.

Caalaatti baradhaatii bakkeewwan saanduqa qoricha itti gatanii **hennepin.us/medicine** irraa argadhaa.

# Lilmoowwanii fi wantoota qara qaban mana keessaa gatuu



Wantootni qara qaban kanneen akka lilmoo gogaa qaamaa waraanuun qoricha ittiin namaaf kennanii, lilmoo insuliinii, lilmoo hiddaa, lilmoo eppiineefiriinii fi siriinjiiwwan dabalatu. Baattuuwwan lilmoo fi wantoota qara qabanii gonkumaa qodaa irra-deebiin faayidaarra oolchuu keessa hin buusinaa.



Filannoowwan akkaataa itti lilmoowwanii fi wantoota qara qaban gatanii isaan kana dabalatu:

- Ogeessi fayyaa keessanii sagantaa walitti qabuu qabaachuu isaa ilaalaa.
- Manumatti dhabamsiisaa. Filannoo meeshaalee fi baattuu malawwan lilmoo fi wantoota qara qaban dabsan, cabsan, gubanii balleessan, ykn caccabsan qabanii barbaadaa.
- Sagantaa poostaa itti-kaffalamee ergamuu, kanneen akka Stericycle, Inc., Sharps, Inc., GRP Medical Services, ykn MedPro Disposal fayyadamaa.
- Bakkee kuusaa kosii/meeshaalee irra-deebiin faayidaarra oolfamanii Hennepin County geessaa. Lilmoowwanii fi wantoota qara qaban meeshaa pilaastikii jabaa, salphaatti hin urannee fi qadaada itti jabeeffamu qabu keessa kuusuun meeshaa sana irratti kana barreessaa, "Do not recycle: Household sharps". Baattuu birciqqoo HIN fayyadaminaa.




Odeeffannoo dabalataa **hennepin.us/green-disposal-guide/items/needles-sharps** irraa argadhaa.

# Kosii/balfa balaafamoo hir'isaa

## Wanta irratti barreeffame dubbisuu baraa

Barreeffama oomishaalee manaarraa yoo dubbistan oomishni tokko hangam balaa akka qabu isinitti himuu danda'a. Jechoota mallattoo balaa ibsan barbaadaatii oomisha balaa xiqqaa qabu filadhaa.

**Balaa xiqqaa geessisa**

| Jecha ibsu | Sadarkaa balaa |
|---|---|
| **Eeggannoo** | Balaa xiqqaa/giddugaleessa kan geessisu |
| **Akeekkachiisa** | Balaa giddugaleessa kan geessisu |
| **Balaafamaa** | Garmalee kan boba'u, kan nyaa-tee balleessu ykn summaawaa kan ta'e |
| **Summii** | Garmalee summaawaa |

**Balaa guddaa geessisa**

## Oomishaalee eeggannoodhaan kaa'aa

- Oomishaalee cufaanii fi qadaaddiin isaanii sirriitti cufamuu isaa mirkaneeffadhaatii baattuuma isaanii duraanii keessa kaa'aa.
- Oomishaalee bakka daa'immanii fi beeyladootni hin qaqqabne kaa'aa.
- Keemikaalota (kanneen akka barakiinaa fi amooniyaa) gonkumaa walitti hin makinaa.

## Keemikaalota balaafamoo mana keessan keessaa hir'isaa




- Qulqulleessitoota kaayyoo hundaaf oolan fayyadamuudhaan ykn qulqulleessitoota ofii keessanii hojjechuu barachuudhaan oomishaalee balaafamoo mana keessaa muraasa bitadhaa.
- Keemikaalotni alaa fiddan guutummaa mana keessanii akka hin faalletti kophee keessan ulaa mana keessanii irratti baafadhaa.
- Oomishaaleen eeroosool salphaatti sombatti ol harkifamuu waan danda'aniif eeroosool irra biifaa paampii fayyadamaa.
- Eerfireeshenerootaa fi shaamaawwan keemikaala qaban hin fayyadaminaa.
- Keemikaalota laawundarii durii keessatti dhimma itti ba'aman hin fayyadaminaa.
- Farra ilbiisaa fi farra aramaa keemikaala qaban hin fayyadaminaa.

# Bakkee kuusaa kosii/meeshaalee irra-deebiin tolfamanii Hennepin County

| Wanta qabatanii dhufan | Eeggannoon qabuu |
| --- | --- |
| • Ragaa jireenyaa, kan akka hayyama konkolaachisummaa ykn kaffaltii tajaajilawwan manaa<br>• Kaffaltii, yoo ni ilaallata ta'e – maallaqa callaa, cheekii, kaardii deebitii ykn kireeditii | • Hanga qajeelfamni hojjettoota biraa isinitti kennamutti konkolaataa keessan keessa turaa<br>• Meeshaalee funyaan/duuba konkolaataa, lafa konkolaataa fe'umsaa ykn harkifamaa konkolaataa keessa kaa'aa. Meeshaalee hojjettootatu buusa. |

**Odeeffannoo dhaabbatichaa yeroo ammaa argachuuf**
**hennepin.us/dropoffs irra ilaalaa ykn** 612-348-3777 irratti bilbilaa.




Brooklyn Park
8100 Jefferson Highway
Brooklyn Park, 55445




Bloomington
1400 West 96th Street
Bloomington, 55431

# Taateewwan balfa balaafamoo walitti qabuu

Taateewwan walitti qabuu, balfa balaafamoo manaatiif filannoowwan naannootti gatuu mijataa ta'an kennu. Sagantaa fi tarreeffama meeshaalee fudhatamuu danda'anii **hennepin.us/collectionevents** irra barbaadaa.


Hennepin County
Environment and Energy

hennepin.us/greendisposalguide
environment@hennepin.us
612-348-3777



34-104-04OR-24 Oromo